# Hospitaala Yoom bilbiluu qabda: gorsa yeroo dahumsaaf dhihaatan

the women's
the royal women's hospital

Yeroo ulfi kee gara dhumaatti dhihaattu, qaamni kee dhaluuf of qopheessu jalqaba Waa'ee jijjiirraa kana mari'achuuf walgahii kilinikaa itti aanutti irratti haasa'uu dandeessa, garuu waa'ee kanarraa waan tokko tokko yeroo godhuun sitti toletti deessiftuu (Midwife) ykn doktora kee waliin mari'achuu qabda.

## Hospitaala Yoom bilbiluu qabdu:

Ulfa torban 37 irraa eegalee asirratti nuuf bilbilaa **(03) 8345 3635** mallattoolee kana keessaa tokko ni qabaattan yoo tahe:

- bishaan kee (boorsaan dhangala'aa naannoo daa'ima keetii) yoo cite - kun osoo ciniinsuun hin jalqabin dura ykn booda ta'uu danda'a
- ciniinsuun yeroo dheeraa (sekondii 30 ol) sirra turu fi daqiiqaa 5 gadi addaan ture sitti yoo deebite, yookiin daqiiqaa 10 keessatti ciniinsuu 3 yoo qabaatte
- yoo dhukkubbii dahumsaa kee to'achuuf gargaarsi si barbaachise.

## Yoom gara kutaa balaa tasaa (emergency) deemuu qabda?

Yoo mallattoolee armaan gadii qabaatte, gara **kutaa balaa (emergency)** keenyaatti imaluun si barbaachisa:

- dhiigni qaama saalaa kee keessaa qal'atee yoo dhangala'e. Yoo dhiigni kee fordatee bahe, kuni 'show' jedhama; kunis yeroo baay'ee ciniinsuun haala tasgabbaa'een akka deemaa jira argisiisa
- sochiin daa'ima kee yoo jijjiirame, yookiin daa'imni kee sochii yoo agarsiisuu baate
- hospitaala irraa ajaja addaa gara kutaa balaa tasaa (emergency) akka deemtu ajajni siif kenname jira yoo tahe
- dhukkubbii garaa keessatti dhagahamu kan ciniinsuu hin fakkaanne yoo qabaatte
- ho'ina qaamaa
- lolloojjii ykn haqqee cimaa
- dhukkubbii mataa cimaa yookiin ijji dimiimmisaa'aa yoo tahe (qajeela arguu dhabuu)
- mallattoolee yaaddessaa biroo kamiyyuu

## Eenyu bilbiluu qabda?

Yoo daa'ima kee hospitaala dubartootaatti dahaa jirta ta'ee fi deessiftuu (midwife) wajjiin yaaddoo qabdu dubbachuu barbaadde asirratti bilbiliif
**(03) 8345 3635**

Maaloo gaaffiiwwan waliigalaatiif bilbila kanatti hin bilbilinaa.

## Ciniinsuun keessa jirtaa?

Ciniinsaa jalqabaa keessatti (marsaa dhokataa jedhamunis kan beekkamu), qaamni kee dhalootaaf of qopheessu jalqaba. Yoo kun daa'ima keessan isa jalqabaa ta'e, ciniinsuun jalqabaa sa'aatii muraasa ykn guyyoota muraasaaf illee turuu danda'a.

Yeroo kana keessatti, ciniinsuun tartiiba sirrii hin taane sitti dhagahamuun mala. Kuni immoo qaama gadameessaa (morma gadameessaa ykn gadameessaa) kee akka lallaafuufi fi qallatu gargaara, kanaaf caalaatti banamuu danda'a.

Namoonni hedduun akka jedhanitti, dhukkubbiin marsaa ciniinsuu (contraction) akka dhukkubbii marsaa laguu addaan citee ykn dhukkubbii qaama nama qabuu fakkata jedhan.

## Yoom gara hospitaala deemuu qabda?

Ciniinsichi guututti eegaluu isaa raggaasisuuf hospitaala yeroo tokkoo oli deemuun barbaachisaa tahuu dandaha. Kun tahuun isaa waan addaatii miti, keessumsattuu yoo daa'imni kun isa jalqabaa ta'e.

Haa ta'u malee, qorannoon akka agarsiisutti, atii fi daa'imni keessan fayyaa yoo qabaattan, ulfi keessanis yeroo guutuu yoo ta'e (torban 37 ol), marsaa ciniinsuu kana irratti mana turuun gaariidha.

Mana kee keessatti bakka tasgabbaa'aa fi mijataa keessatti boqonnaa argachuu dandeessa. Akka fedhii keetiitti nyaachuu, rafuu fi socho'uu ni dandeessa.

**Garuu yoo ajajni addaa haala kee irratti hundaa'uun siif kenname jiraate, ajaja sana hordofuu qabda.**

Qaama kee dhaggeeffadhu, wanta sirrii siif fakkaatu hojjedhu. Muuxannoon kee (wanti ati keessa jirtu) situ tolchee hubata.

## Turjumaana si barbaachisa?

Interpreter

Yoo afaan hiikaa barbaadde gaafachuu dandeessa.

| Marsaa yookiin kutaalee ciniinsuu | Miira dhagahamu | Mallattoolee si mudachuu danda'an | Wanta si fayyaduu danda'u |
|---|---|---|---|
| **Ciniinsuun-Duratti**<br>• Kutaan saalaa qallachuu jalqabuu danda'a<br>• Ciniinsuun jalqabuu ykn jalqabuu dhiisuu danda'u. Yeroo baay'ee kan tartiiba hin eegne, laafaa fi gabaabaadha. Guyyaa muraasaaf dhufaa bada. | Gammachuu, yaaddoo<br> | • Dhangala'aa furdaan qaama saalaa keessaa dhiiga waliin bahuu<br>• Dhukkubbii dugdaa<br>• Dhukkubbii laafaa, akka kan laguu<br>• Sagaraa laaftuu<br>• Bishaan kee ni cita<br>• Dadhabbii sitti dhagahama. | • Hojiiwwan yeroo hunda gootu itti fufi<br>• Sochii godhi akkasuma dhimma adda addaatiin yeroo kee qabi (busy)<br>• Yoo boqonnaa barbaadde boqodhu<br>• Dhangala'aa baay'ee dhugi<br>• Yoo dandeesse akka idileetti nyaadhu. |
| **Marsaa 1ffaa: Marsaa riphaa** Yeroo baay'ee marsaa irra dheeratudha<br>• Sarvaayiksiin (kutaan saalaa) cm 0 hanga 5 bal'achuu jalqaba<br>• Ciniinsuun sirraawaa dhufa, daqiiqaa 10 keessatti ciniinsuu 2 hanga 3 ni qabaata. | Gammachuu, yaaddoo<br> | • Dadhabbii fida<br>• Dhangala'aa furdaan qaama saalaa keessaa dhiiga waliin bahuu<br>• Dhukkubbii dugdaa<br>• Dhukkubbii dhaabbataa ta'e fi ciminaan dabalu ni dhufa<br>• Sagaraa laaftuu.<br>• Bishaan kee ni caba. | • Nyaata fi dhangala'aa xiqqeessiitii yeroo baay'ee fudhadhu<br>• Sochii godhi akkasuma dhimma adda addaatiin yeroo kee qabi (busy)<br>• Yoo boqonnaa barbaadde boqodhu<br>• Yoo xiqqaate sa'aatii lama lamaan fincaan qabdu guutuutti fincaahi<br>• Ciniinsuun hammam akka sirra ture beekuuf yeroo qabi – jalqabaa ciniinsuu irraa hanga dhumaatii ciniinsuutti.<br>• Hospitaala bilbili. |
| **Sadarkaa 1ffaa: Marsaa sochii** Yeroo baay'ee kan marsaa dhokataa caalaa gabaabaadha.<br>• Sarvaayiksi (kutaan saalaa) cm 5 hanga 10 bal'ateera<br>• Ciniinsuun cimaa fi tartiiba walfakkaataa qabu, kan daqiiqaa 10 keessatti yeroo 3 hanga 4 dhufa, tokkoon tokkoon isaanii sekondii 50 hanga 60 turu. | Dadhabbii fi tasgabbaa'uu dhabuun si mudachuu danda'a<br> | • Dhukkubbii cimaa<br>• Dhukkubbii dugdaa<br>• Xiyyeeffannaan kee guutuun cinninsuu irratti taha<br>• Deeggarsa si barbachisu ni dabalaba<br>• Dhangala'aa furdaan qaama saalaa keessaa dhiiga waliin bahuu<br>• Bishaan kee ni caba. | • Tooftaalee hafuura baafannaa gadi fagoo fi boqonnaa fayyadami<br>• Xiyyeeffadhu<br>• Shawaari ykn dhiqannaa fudhadhu– yoo rakkoo uumuu baate - paakii ho'aa (heat pack) fayyadami<br>• Iddoo jijjiiruu<br>• Ciniinsaa gidduutti boqodhu<br>• Dhangala'aa xiqqoo xiqqoo dhugi yookiin waan mi'aahu xuuxi<br>• Gara hospitaalaa deemuu yaadi. |
| **Sadarkaa 2ffaa**<br>Marsaan kun hanga sa'aatii 3 turuu danda'a, dhiibinsaa fi fayyaa daa'imaa irratti hundaa'uun.<br>• Sarvaayiksi (kutaan saalaa) guutummaatti bal'ateera - 10cm<br>• Daqiiqaa 10 keessatti ciniinsuu 2 hanga 5 yoo dhufe, tokkoon tokkoon isaanii sekondii 60 hanga 90 turu. | Hojii cimachaa deemuu<br> | • Ciniinsuun addaan turaa dhufa<br>• Dhukkubbii ni laaffata<br>• Dhiibbaan gara taa'umsa keetiitti (hudduutti) dabalaa deema<br>• Fedhiin dhiibuu ni cima<br>• Mataan daa'imaa gadi deemuu isaa waliin miirri addaan harkifamuu ykn gubachuu ni uumama | • Fedhii uumamaa kan qaamni keetii dhaggeeffadhu<br>• Ciniinsaan yeroo dhufu dhiibi – yoo barbaachise daawwitee fayyadami<br>• Ciniinsaa gidduutti boqodhu<br>• Huccuu qabbanaawaa ykn waan biifamu fuulaa fi morma keessan irratti fayyadami<br>• Namoota si deeggaran dhaggeeffadhu<br>• Dhiibuuf fedhiin cimaan yoo sitti dhaga'ame, hafuura baafachuu yaali. Kun mataan daa'imaa suuta akka bahu taasisuuf ni gargaara<br>• Marsaa kanaaf hospitaala keessa jiraachuun gaariidha. |

**Odeeffannoon kun gorsa qofaaf. Everyone's experience of labour is unique.**

**Hubachiisa**: Barruun kun odeeffannoo waliigalaa qofa dhiheessa Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa keessanii ykn daa'ima keessanii gorsa addaa argachuuf, ogeessa fayyaa kee irraa gorsa argachuu qabdu. Hospitaalli Royal Women's itti dhimma bahuu barruu kana irratti osoo ogeessa fayyaa hin argin miidhaa yookiin kasaaraa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Ati yookiin daa'imni kee gargaarsa hatattamaa yoo barbaaddan, gara kutaa balaa (emergency) naannoo kee jiru quunnamaa

© The Royal Women's Hospital 2025